ADDA BILISUMMAA OROMOO

OROMO LIBERATION FRONT

جبهة تحرير اورومو

Guyyaa: 15/4/2009 Lakk: 011/ABO/09

Guyyaan Gootota Oromoo Bara Baraan Haa Jiraatu!

Guyyaa gootota Oromoo kabajuun kan barbaachiseef ilmaan Oromoo qaqqaaliin bilisummaa biyyaa isaaniif jecha aarsaa isa maayyii kafalan akka hin dagatamne qofaaf osoo hin taane bilisummaan wareegama malee akka hin argamne wal yaadachiisuuf nu gargaara.

Caamsaan 15 wagga waggaan kan yaadatamuuf eerga Oromiyaan boojuun qabamtee kaasee hanga har'aatti kan falma irratti kufanii fi kan sichitti diina kuffisanii kufuuf deeman hunda yaadatuuf. Gootota ilmaan Oromoo mara dirree falmaa irratti wareegamuun guca qabsoo bilisummaa dhiigaa fi lafee isaaniin qabsiisanii darban yaadatuuf.

Nuti warrii lubbuun jirru irbuu gootota keenya wareegamanii bakkaan ga'uuf guuyyaan waadaa keenya haaromsinus guyyaa goototaa yaadatuun qofa osoo hin taane daandii isaan dhiigaan tararan faana bu'uun nutis aarsaa ta'uuf of qopheessuu qabna.

Seenaan irra deddebi'ee kan nutti mul'isu aarsaa ta'an malee garbuummaan hin cittu. Ha'dhaan garbummaa kan cittus yoo jabaatanii qabsaawan. Dhaloonnii haaraan akkuma abbootii keenyaa gootummaan kaanee haa qabsoofnu. Gaaffiin seenaan nu fuldura kaa'ee jirus kanuma.

Gama kaaniin gootonni dhugaa ummata isaaniif jecha wareegama lubbuu fi qaamaa yeroo kafalanitti kanneen seenaan tufe ammoo gumaa gotowwanii deebisuuf tattaafachuu itti dhiisanii maqaa guyyaa gootota Oromoo dhahatuun maallaqa ummata Oromoo irraa walitti guurachuuf yeroo daldalan argamu. Seenaa xuraawaa akkanaa kan raawwataa jiran gartuun adda addaa ummata Oromoo keessatti marguun hedduu kan nama gaddisisuu fi fafa fokkataa dha. Ummatni Oromoos jarreen maqaa qabsoo dhahatanii maallaqa ummataa walitti guuranii qabsicha irratti daba dalagan mara of irraa ittisuun dirqama. Ummatni dammaqinaan qabsoo isaa hin tikfanne galfata fi irbuu dhiiga qabsaawotaa kan dagate qofa.

Kanaaf, ummatni Oromoo guyyaa goototaa yeroo yaadatu mara jaallan wareegaman bilisummaa isaaf akka ta'e battala tokko illee dagatuu hin qabu. Akka gartuun tokko tokko dhaadhessanitti dhiigaa fi lafee goototaa irra tarkaanfatanii gara mooraa diinaatti harka kennatuu fi kaayyoo ganamaa hordofuun qabsoo jabeeffatanii bilisummaa gonfachuu keessaa tokko filatuun dirqii ta'a.

Guyyaa gootota Oromoo yaadatuun aaduma qofaaf osoo hin taane qabsoo eegalame bakkaan ga'uuf kaayyoo xaliilaa ganama itti manaa ba'ame mootummaa dimookraatawaa walaba Oromiyaa argamsiisuuf qabsoo dhugaaf of wareeguuf carraaquuf waadaa haaromsuu feesisa. Kaayyoo ummata keenyaa galmaan ga'uuf haa sossoonu.

Yaadanoon gootota keenyaa bara baraan haa jiraatu.

Oromiyaan ni bilisoomti!

Adda Bilisummaa Oromoo

P. O. Box 21762, Washington, DC 20009
Tel: (202)-521-5653
waajjira@oromoliberationfront.info